# Hawaan Kiisii Koo Keessa




Giraazshinaa
Sitaasiinikaa
Qorannoo Hawaa Paaris

## Battallee



Isaan kana keessaa kamtu gaalaksii miti?









Deebiin fuula-qopheerra



M31, Gaalaksii Andiroomeedaa, gaalaksii mar-gundoo isa baay'ee dhihoo. Fakkichi Loorenzoo Kaamoliin, teeleskoppii xiqqaa ta'e fayyadamuun kan fudhatamee dha.





Duumessa Maajelaanikii guddicha, gaalaksii isa Milki-weyiitti baay'ee dhihoo ta'e.

## Balballaa'ota irraa gara gaalaksiitti

Dummeessi xoxolba'aa biroon samiii keessatti ni mul'atu. Chaarles Mesiir (Charles Messier) kan jedhamu bara 1781 tti baafata isaa beekamaa keessatti 104 isaanii tarreessee ture.

Xincalalli (ispeektirooskoopii) ( bara 1863 keessa adda durummaa oggooma qorataa hawaa Huggiinsi) gosootni balballaa'otaa (nebluae) lama akka jiran addaan baase: balballa'aa gaasawoo fi balballa'aa horbiiftuu.

Hanga Eedwiin Haabil bara 1924 fageenya inni tokko isa tokkorraa qabu safarutti toljamni kun Milki-weyii keessatti fi alatti argamu jechuuf baay'ee wal falmiisaa ture.

Dhugumattuu balballaa'ootni kun akkuma gaalaksii keenya miilki-weyii odola hawaa ta'anii argamaniiru. Balaballaa'otni kunneen amma gaalaksii jedhamu.





Fakkiin kun teleskooppii Jemiinii-Kibbaan kan Elizaabet Wehneeri fi Wiiliyam Hariisiin fudhatame dha



## Gaalaksii hullufaa

Gaalaksotni luggeen geenga'aa ykn muxamaa ta'uu danda'u. Isaan kana, gaalaksota margundoo irraa adda kan godhu, mucamaa fi dimisimisaa'oo ta'uu isaanii ti. Gaalaksotni kun urjiilee dulloomaan irraa kan uumaman yommuu ta'u, innis halluu bildiimaa akka qabaatan godheera. Isaan kun gaasii ykn dhukkee muraasa of keessaa qabu.

Gaalaksiiwwan hullufaa inni baayyee xiqqaan, "gaalaksii dinkii hullufa'aa" jedhamu, garkuta-geengoo (dayameetiri) ifa-waggaa kuma kudhan (galaaksii miilki-weyii gadi dachaa kudhaniin xiqqaatu) fi urjiilee kitila kudhan qofa of keessaa qabu.
Gaalaksotni luggee baay'ee guddoo ta'an garkuta-geengoo ifa-waggaa kitila fi urjiilee $10^{13}$* qabanii dha.

Gaalaksota luggee keessatti urjiileen, faallaa gaalaksii margundoo, kallattii hundaan qeella'a sirriiqa hin qabneen sochö'u.

*tiriliyoona kudhan





ESO 593-8: wal'irba gaalaksota cimdii. Cimdiin kun tarii fuulduraatti gaalaksii biroo tokko uumuu mala.



NGC 6621 fi NGC 6622, wal'irba gaalaksota cimdii. Faccisni isaa eegee dheeraa NGC 6621 keessaa harkiseera.



Yaa'ota horbiiftuu culculee naannoo roggee gaalaksii margundoo NGC 5907 irratti. Fakkiin J. Gabanii, Buufata Qorannoo Bilaakberdi.



## Wal-irba *gaalaksii*

*Galaaksotni kophaa hin jiraatan. Galaaksotni margundoon kutaa hawaa keessa qophaatti adda bahanii yammuu jiraatan, gaalaksotni luggeen(hullufni) garuu gurmuun argamu.*

*Galaaksotni walitti dhiyaatan karaa adda addaan wal-irbu: wal-waqarri gaalaksota margundoo wal makiinsa uumuun gaalaksii hullufa uumuu danda'a. Gaalaksiin cinaa isa biraa darbu tokko, eegee urjiilee isa dheeraa gotota. Wal-irbi boca gaalaksotaa baay'inaan jijjiiruu caalaa, uumama dhaloota urjiilee haaraa kakaasa.*

*Galaaksotni baay'een tarii kanaan dura wal-irbaniiru ta'a.*

